# سُورَةُ صٓ
# Suuraa Sgaad

قبل كل شئ هذه هي سورة ( ص )
*Dura dursoo suuran tun suuratu {sgas-ad} je'amti .

وهي سورة مكية
*Isiin suuraa makkaati .

وآياتها ثمان وثمانون ( ٨٨ )
* Aayaanni isi'ii saddeetamii saddeeti {88}

وعددها ( ٣٨ )
*Lakkooysi isi'ii soddomii saddeeti 38

نزلت بعد سورة القمر
*Isiin eega {suuratulqamarii} buute

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ
* Jalqabni maqaa rabbii rahgmata qabuuti.

صٓۚ
*Qubee tana rabbiin waan itti fedhe isumaatu beekha .

وَٱلۡقُرۡءَانِ
*Qur'aana,

ذِي ٱلذِّكۡرِ ١
1}*Dubbii ibsu kan kabajaa qabuun kakadhee , dubbiin akka kuffaarri ,rabbiin hedduu je'uu mitii,qur'aanni haqaa, nabi muhammad dhugaa dubbataa, rabbiin tokkicha.

بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ
*Warri rabbitti kafare,

فِي عِزَّةٖ
*Haqarraa if guddisuu keessa jiran. Qeebaluu didanii

وَشِقَاقٖ ٢
2}*Waan nabi muhammad jeu diduu keessa jiran , Rabbiifii nabi xilaatumma'aaf qabatan. isaan haalli isaanii akkanaa, dur warra makkaatii, amma namuma haala isaanii qabu hunda .duuba yoo haala badaa kana dhiisuu didan, lafarraa isaan fin'aa haa beekkatanii .

كَمۡ أَهۡلَكۡنَا مِن قَبۡلِهِم مِّن قَرۡنٖ
*Ummata isaan dura dabre, kan anbiyoota kijibsiise,meeqaatam lafarraa fin'e

فَنَادَواْ
* Jarri sun hogga balaan isaanitti buutu, towbannee, jallinarraa deebinee, nagaya nu baasi je'aniiti rabbitti wowwaatan itti iyyata.

وَلَاتَ حِينَ مَنَاصٍ ﴿٣﴾

3,} *Haa tayuu ,waytiin, waytin towban nama baaftuu miti.yookaa dheefni nama baasuu mitii, akkasitti dhumanii dabran warri makkaa, jara akkas taye, hedduu, araddaa isaanii arg anii, haa tayuu waan arganii sanii hin gorfanee. •

وَعَجِبُوٓاْ أَن جَآءَهُم مُّنذِرٞ مِّنۡهُمۡۖ

*Inumaa isaan ergamaan tokko gosuma isaanirraa, isaanitti ergamuun waan aylii hin seenne godhanii, akkamitti namni nurraa taye, nutti ergama, je'anii, ajaa'iba godhan, akkamitti muu hammad nutti ergama, je'anii .

وَقَالَ ٱلۡكَٰفِرُونَ

* Ammas ormi kuffaaraa akki je'e:

هَٰذَا سَٰحِرٞ

*lnni kun,nabi muhammad baananii, falfalaa, wanni inni nu garsiisu, mukgjizaa inni dhufeen, falfala.

كَذَّابٌ ﴿٤﴾

4}*Inni ni kijibaa, rabbiitu na ergeen inni je'u, kijiba je'an, ammas akki je'an:

أَجَعَلَ ٱلۡأٓلِهَةَ إِلَٰهٗا وَٰحِدًاۖ

*Si muhammad rabbi hedduu , gosti adda addaan qabdu, rabbii tokko qofa godhaa? rabbii tokkicha malee rabbiin biraa hin jiru je'ee ? {Laa ilaaha illallaahu } je'ee. Akkamitti rabbiin tokkichi, waa hunda oofu dandaya? akkamitti khalqii hundaaf rabbiin tokkichi gaya ?

إِنَّ هَٰذَا لَشَيۡءٌ عُجَابٞ ﴿٥﴾

5}*Rabbii hedduu rabbii tokko godhuun, waan ajaaibaati je'an. Wanni odeeffame: kuffaarri makkaa gurguddaan.wal gayeeti,adeera yookaa abbeeraa nabii,{Abuu xaalibitti} dhaqanii, ilmo obbolleessa keetii muhammad ,nurraa dhoowwi, isin aylii hin qabdan, tanaaf muka yookaa dhagaa ibaaddan Je'eeti aylii teenya tuqaa, dhagaan isin ibaaddan mukni isin gabbartan waa takka isin hin fayyadu, duuda'aa hin arguu, hin dhagayu, isintu irra caala , je'eeti, rabbii keenya tuqaa, mee nu jiddu'utti laalii, akka nuufii aylii teenyafii, rabbii keenyafii karaa abbootii teenyaa hin tuyn'e godhi. ati guddaa keenyaa, sii jenneeti, muhammad akka feenutti miidhuu dhabnee, je'aniin, Jannaan abaa xaalib ilma oboleessa isaa kan akka biratti jaalatu, kan harka isarratti guddate, Muhammad {s} yaamee yaa ilma obboleessa kiyyaa : ummanni kee , waan itti jirtu kana nurraa laaffisi je' eeti , si khadhataa .waan isaan jean dhagayi .jeeen .jennaanin nabiinjara kuffaaratiin akki je`e mee maal na khadhattan je`een ? jennaan wanni jeaniin : wanni sirraa barbaannu ,nuufii Rabbii hed-

duu nuti tolfannee qabnu arrabsuu ,dhiisuu. nutis siifii Rabbii keeti dhiifnaa, jeaniin . jennaan nabiin akki jeeen .yoon an waan isinjettan isinii kenne isinii eehame, isinis jecha tokkicha qofa naa kennituu ? naa eehamtuu ? jecha tokkicha saniin , araba hunda qabattanii. wanni ajam taye hundi, isin jala deemaa ? jeeen . jennaan . matootin kuffaara makkaa , akki nabiin jette, jecha tokkicha ati jettu, sii eehamneeti, kurnan akkasii itti idaanee sii eeharnna jeaniin . jennaanin { laa ilaaha iIlallaahu } Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiru jeaa . jechi tokkichi , an isinirra barbaadu kanaa , jeeen jennaanin aaranii Rabbii hedduu tokko godhaa jeanii .

وَٱنطَلَقَ ٱلۡمَلَأُ مِنۡهُمۡ *Bakka itti wal gayan sanii , ka'an .

أَنِ ٱمۡشُواْ *Isaanii, nu yaasaa waliin jeu .

وَٱصۡبِرُواْ عَلَىٰٓ ءَالِهَتِكُمۡۖ *Isaanii,waan Muhammad je`u hin dhagayina'aa , sanama keessan ibaadu'urr atti obsaa taabota ibaaduu hin dhiisinaa

إِنَّ هَٰذَا *Rabbiin heddu'uu mitii , tokko jechuun kun.

لَشَيۡءٞ يُرَادُ ٦ 6}*Waan sababaa isaatin diin keenyarraa nu deebisuun itti fedhamee Muhammad towhiidatti nu yaamun kun , waan inni yaada ifiitin guuttatuu fedhuu , akka mataa isinii tayee , isin maayyii taataniif jechaa . dubbii isaa hin dhagayinaa . Rabbiin tokkoo hin yaadinaa

مَا سَمِعۡنَا بِهَٰذَا فِي ٱلۡمِلَّةِ ٱلۡأٓخِرَةِ *Nuti Rabbiin tokkoo kana ,diin irraa boodaa, diin kiristaanaa keessatti hin dhageenye , wanni isaan jean Rabbiin sadii jechu 'uu,

إِنۡ هَٰذَآ *Rabbiin{ waaqni }tokkoon Muhammad jeu ,

إِلَّا ٱخۡتِلَٰقٌ ٧ 7}*Waan biraatii mitii kijiba calla'aa ,

أَءُنزِلَ عَلَيۡهِ ٱلذِّكۡرُ مِنۢ بَيۡنِنَاۚ *Si nu keessaa , quraanni isarratti buufamaa, odoo nu keessa, namni isarra horii qabu,kan isarra matummaa qabu, jiru ? qur`aanni isarratti hin buune jechu' u .

بَلۡ هُمۡ فِي شَكّٖ مِّن ذِكۡرِيۚ

*Rabbiin akki jee: jarri sun quraana diduun, beekkomsarraayii mitii , shakki'irraayi .waan ragaa quraanni haqaa isaanii himu , isaanii addeessu , laaluu dhiisaniif.

بَل لَّمَّا يَذُوقُواْ عَذَابِ ٨

8}*Inumaa wanni qur'aanaa didaniif,

---

diddaa isaanii kanarratti qixaaxa keenya hin dhandhamini, silaa odoo dhandhamanii,waan nabi muhammad, dhufeen hunda ni dhugo'oomsanii . haa tayuu, hoggaa balaan itti buute , dhugo'oomsuu isaan hin fayyaddu

أَمۡ عِندَهُمۡ خَزَآئِنُ رَحۡمَةِ رَبِّكَ ٱلۡعَزِيزِ

*Si bakkeen rahgmanni rabbii keetii rabbi waa hunda injifatu, kaayamu,

ٱلۡوَهَّابِ ٩

9}*Rahgmanni rabbii, waan fedhe , nama fedhee irraa kennuu,harka isaaniti jiraa, kan nama fedhanii kennaan? Makgnaan kanaa: rahgmanni rabbii, harka isaanii hin jiruu, ha-rka rabbiiti jiraa, nabiyyuma'aafii, waan birallee, abbaa fedheefi, ken-naa, maalif rabbiin muhammad ergamaa isaa godhuu qeebaluu didanii, dura dhaabbatan?

أَمۡ لَهُم مُّلۡكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا بَيۡنَهُمَاۖ

*Si mootummaan sami'iifii dachi'ii tan waan dachi'iifii samii jidduu jiruu, tan isaanitti? yoo keenya je'an .

فَلۡيَرۡتَقُواْ فِي ٱلۡأَسۡبَٰبِ ١٠

10}*Waan sami'ittiin gayan koranii quraana fidanii abbaa fedhanii, haa kenna nii. duuba eessaa waan san himatuu dandayan, takkaa dalaguu dandayan? .

جُندٞ مَّا هُنَالِكَ

*Kuffaarri si duraa dhaabatu , waan hin jirre nama xiqqa'aa ,

مَهۡزُومٞ

*Warra mooyamu'uu taa'u .

مِّنَ ٱلۡأَحۡزَابِ ١١

11}*Warra akka,warra anbiyoota si dura dabre,dura dhaabbateetii, jarri sunuu mooyameeti badee,warri si dura dhaabates,akkasii hin yaaddawwinii itti dhiisi

كَذَّبَتۡ قَبۡلَهُمۡ قَوۡمُ نُوحٖ

*Kuffaara zamana keetii dura ummanni {nuuhg} ergamoota keenya kijibsiisanii jiran.

وَعَادٞ وَفِرۡعَوۡنُ

*Ummanni {kgaad} je'arnuufii, ummanni firkgawnatis.

ذُو ٱلۡأَوۡتَادِ ﴿١٢﴾

**12}***Firkgawna kan shikhaala afur , kan itti nama hidhee dhiifu, shikhaala harka lamaanifii miila lamaan itti hidhee, ad-da nama harkisu qabu, anbiyaa kijibs-iisee jira

وَثَمُودُ

*Ummanni samuudje'amus

وَقَوۡمُ لُوطٍ

*Ummannu luuxis,

وَأَصۡحَٰبُ لۡـَٔيۡكَةِۚ

*Warri daggalaatis isaan ummata shu-kgeybitii,

أُوْلَٰٓئِكَ ٱلۡأَحۡزَابُ ﴿١٣﴾

**13}** * Jarri sun.

إِن كُلٌّ إِلَّا كَذَّبَ ٱلرُّسُلَ

*Hundi isaanii warra ergarnoota rabii kijibsiise malee, warra biraatii miti,

فَحَقَّ عِقَابِ ﴿١٤﴾

**14}***Duuba saniif jecha qixaaxa kiyya, haqa godhatanii badii itti muree dhuman

وَمَا يَنظُرُ هَٰٓؤُلَآءِ

*Warri si kijibsiise kun waan biraa hin eegan,

إِلَّا صَيۡحَةً وَٰحِدَةً

*Yoo garriin, afuuffaa qiyaama'aa tak-kittii afuuffamuu taate malee, kan qiya-aman dhaabbatu'uun azaabni isaanitti bu'u.

مَّا لَهَا مِن فَوَاقٍ ﴿١٥﴾

15}*Afuuffan sun deebii hin qabdu, tak-kittuma afuufamtii, hin deddeebitu duran buutu, waa xiqqollee boodan aantu. Kun makgnaa {fawaaq} jechu'uutii .

وَقَالُواْ

*Ormi kuffaaraa qishna'aaf jecha akki je'e: guyyaa qiyaama'aa ni gaafatamtanii ,ni qixaaxamtan, rabbiin jennaan :

رَبَّنَا عَجِّل لَّنَا قِطَّنَا

*Yaa rabbii keenya kitaaba dalagaa te-enyaa qooda keenya nuu jarjarsii, nuu kenni. addunya'arratti ,

قَبۡلَ يَوۡمِ ٱلۡحِسَابِ ﴿١٦﴾

16}*Odoo guyyaan qiyaama'aa hin ge-enye, dura dabartii ,waan gaafattu, nu gaafadhu je'an. Qishna'aaf jecha duuba rabbiin nabiin akki je'e,

ٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ

*Waan kuffaarri siin je'urratti obsi rabbiin si gargaaree isaanirra si aansu'uu taa'aa,

وَٱذۡكُرۡ عَبۡدَنَا دَاوُۥدَ

*Ergamaa keenya, gabricha keenya {daawuud} dubbadhu

ذَا ٱلۡأَيۡدِۖ

*Kan humna ibaada'aa jabduu qabu , inni guyyaa tokko soomaneeti, guyyaa tokko furuu ture, kun sgabrii jabduu barbaada. alkanis cinaa tokko rafeeti harka sadiy-irraa harka tokko dhaabbatee, amas harka jahararraa harka tokko rafa.

إِنَّهُۥٓ أَوَّابٌ ١٧

17}*Daawuud gara jaalala rabbii, waan rabbiin jibburraa, gara waan rabbiin jaalatuu deebi'uu.heddornrneysuu ture .

إِنَّا سَخَّرۡنَا ٱلۡجِبَالَ مَعَهُۥ

*Nuti gaarotii ajajnee jirra, daawuudin wajji, takkaa daawuudif laaffifnee jirra.

يُسَبِّحۡنَ بِٱلۡعَشِيِّ وَٱلۡإِشۡرَاقِ ١٨

**18}** *Akka galgalaafii ,ganama , i saan wajji tasbiihga gootu jalaa qabdee.

وَٱلطَّيۡرَ

* Ammallee waan bararaa hunda isaaf laaffifnee jirra

مَحۡشُورَةٗۖ

*Tan isarratti walitti qabamtee, tasbiihga wajji gootu

كُلّٞ لَّهُۥٓ أَوَّابٞ ١٩

19} *Hundi isaanii gara ibaadaa rabbiiti deebi'an. Dubbii {daawuud} dhagayanii

وَشَدَدۡنَا مُلۡكَهُۥ

*Mootummaa daawuud jabeessinee jirra, tiysite'eefii, ashkaraan. namni bakka inni taa'u halkanuma hunda eegu, kuma sod-dom ni gaya

وَءَاتَيۡنَٰهُ ٱلۡحِكۡمَةَ

*Daawuudif nabiyyuma'aafii, waa hunda keessatti haqa arguu kennineejirra

وَفَصۡلَ ٱلۡخِطَابِ ٢٠

**20}** * Ammallee dubbii ibibsuu , firdii yo-okaa murtii haqaa isaa kenninee jirra .namni dura dursoo dubbii adda baasu'uu jecha { ammaa bakgdu} je'e nabi daa-wuudi.

۞ وَهَلۡ أَتَىٰكَ نَبَؤُاْ ٱلۡخَصۡمِ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad oduun baala gaaraa lamaanii, jara lamaan, wal kasasee, si geessee? sii dhuflee ? isaan ja-ra lama kan nabi daawuudirratti wal hi-matee, qissaa isaanii dubbadhu .

| | |
|---|---|
| **21}** *Gaafa isaan nabi daawuuditti mana gubbaaan seenan, ashkarri hula masjid-aatin seenuu dhowwinaan. Waan guy-yaan, guyyaa inni masjida yookaa kha-lwaa seenu kan guyyaa san nam tokko ittin seenne, tayeef, jecha . | إِذۡ تَسَوَّرُواْ ٱلۡمِحۡرَابَ ٢١ |
| *Gaafa man duubbee masjidaatin itti seenan, | إِذۡ دَخَلُواْ عَلَىٰ دَاوُۥدَ |
| *Duuba nabi daawuud na ajjeessu'uuf karaa malee guyyaa, guyyaa firdi'ii hin tayin,natti seenanii, seyeeti rifate, | فَفَزِعَ مِنۡهُمۡۖ |
| *Hoggaa san hin rifatin je'aniin nuti si ajjeessuuu hin deemnuu | قَالُواْ لَا تَخَفۡۖ |
| *Nuti jara lama kan wal didee, | خَصۡمَانِ |
| *Kan gariin keenya garii keenya miidhee | بَغَىٰ بَعۡضُنَا عَلَىٰ بَعۡضٖ |
| *Haqaan nu jidu'utti laalii muri | فَٱحۡكُم بَيۡنَنَا بِٱلۡحَقِّ |
| *Haqarraa hin fagaatinii. | وَلَا تُشۡطِطۡ |
| 22} * Karaa diriiraa nu qajeelchi je' aniin jennaanin himadhaaje'een, duuba tokko dubbatee akki je'e: | وَٱهۡدِنَآ إِلَىٰ سَوَآءِ ٱلصِّرَٰطِ ٢٢ |
| *Inni kun obboleessa kiyya kan diin-a'aatii. | إِنَّ هَٰذَآ أَخِي |
| *Hoolaa dhalaa sagaltamii sagal qabaa, | لَهُۥ تِسۡعٞ وَتِسۡعُونَ نَعۡجَةٗ |
| * An ammoo takkitti'in qabaa, | وَلِيَ نَعۡجَةٞ وَٰحِدَةٞ |
| *Duuba sanumaan wajji hoolittii teetirraa naa bu'l, naan je'ee, | فَقَالَ أَكۡفِلۡنِيهَا |
| 23}*Moromaa keessatti na injifatee,mee nu jiddu'utti laali je'een. | وَعَزَّنِي فِي ٱلۡخِطَابِ ٢٣ |
| * Jennaanin nabi daawuud akki je'e: | قَالَ |
| *Namni kun dhugumaan sitti roorrise | لَقَدۡ ظَلَمَكَ |
| *Hoolittii tee hoolota isatti ida'atu'uuf narraa bu'i, je'ee, si kadhatu'uun, | بِسُؤَالِ نَعۡجَتِكَ إِلَىٰ نِعَاجِهِۦۖ |

وَإِنَّ كَثِيرًا مِّنَ ٱلْخُلَطَآءِ لَيَبْغِى بَعْضُهُمْ عَلَىٰ بَعْضٍ

*Irra hedduun, nama waa, walitti ida'atuu, gariin isaanii garii godda'a ni miidha.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Warra dhuga'aan amanee, waan gaarii dalage malee.

وَقَلِيلٌ مَّا هُمْ

*Warri akkas dalagu nama xiqqaadha .rabbiin akki je'e:

وَظَنَّ دَاوُۥدُ

*Daawuud wanni beekhe . waan malaaykan dalayderraa .

أَنَّمَا فَتَنَّٰهُ

*Waan argame kanaan,akka isa mokkorre. guyyaa firdii aadaa hin godhatin karaa biraatin itti seenaniirifachi isanii, rifannaan.na ajjeesanii seyee , dhayee ifirraa dhoowwuu yaade .duuba na ajjeesanii sayuun nabiyyiidharraa diliidhatti lakkaawamti ,wanni Rabbiin jara san itti ergee , dilii akkas seyu'uu keessa buusef, nabi daawuuditu ,Rabbiin akki je'e yaa Rabbi yaroon takka halkanii guyya'arraa 18 anaafii namni kiyya keessatti sin ibaanne wahi jirtii ? jeeef if'jajnaan , Rabbiin jibbee akki jeeen : sun sababaan .an,isin qunnamsiisefii.odoon , an isin qunnamsiisuu baadhee, akkas hin taatanii , duuba siifii lubbuu teetan walitti dhiisaa guyyuma tokko akka waan dilii tayerraa if eydun laala jeeen . jennaan yaa Rabbi guyyaa san naa himi . akkan if eegu.duuba guyyaa akkanaati je'ee himeef. nabi daawuud , guyyaa san masjida seeneti tiysitee isaatin nam tokkolleen nattin seen in je'ee , zikrii isatti seene . duuba Rabbiin baala gaaraa itti ergee na ajjeessanii seyee dhayee ifirraa deebisuu yaade . ammas himannaan , odoo shaahida fidi hin jeeniin , si miidhe jeee firdii godhe. waan dubbiin adii taatef kun odoo nama anbiyaa hin ayin biratti dilii tayullee baatee, nbiyaa biratti diliidhaa tanaaf nabi Daawuud akka Rabbiin , waan inni nuti waytii hunda si ibaanna je'ee , if dhaadef , isa mokkare beekhee.

فَٱسْتَغْفَرَ رَبَّهُۥ

* Araarama Rabbii isarra barbaadee

وَخَرَّ رَاكِعًا

*Sujuudafbu'ee.

وَأَنَابَ ۩ ﴿٢٤﴾

24}*Gara Rabbii isaa deebiee itti wowwaate. Rabbiin akki je`e .

فَغَفَرْنَا لَهُۥ ذَٰلِكَ

*Duuba waan isarraa argame san dhiifarna isaaf goone

وَإِنَّ لَهُۥ عِندَنَا لَزُلْفَىٰ

*Ammas nabi daawuud,waan gaarii hedduu ,addunyaa keessatti, nu biraa qaba , waan isa guddisu , kan nutti isa dhiyeessu . {zulfaa } jechuun dhiyo`oo

وَحُسْنَ مَـَٔابٍ ﴿٢٥﴾

25}*Ammas aakhiraatti , bakka gaarii itti

deebi'u nu biraa qaba , sun jannataafii waan isa keessatti argatanii.

يَـٰدَاوُۥدُ إِنَّا جَعَلۡنَـٰكَ خَلِيفَةً فِي ٱلۡأَرۡضِ

*Wanni daawuudin jenne : yaa{ daawuud } dachiirratti khaliifaa si goonee, akka nurraa bakka dhaabbattee.dalagaa namaa ooftuu jechaa.

فَٱحۡكُم بَيۡنَ ٱلنَّاسِ بِٱلۡحَقِّ

*Haqaan nama jiddu'utti dubbii laalii , muri.

وَلَا تَتَّبِعِ ٱلۡهَوَىٰ

* laalala nabseedhaa jala hin deemin .

فَيُضِلَّكَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِۚ

*Jaalala lubbu'uu jala deernun.karaa Rabbirraa si maysaa.ragaa tokkummaa Rabbii arguurraa si dhoowwaa

إِنَّ ٱلَّذِينَ يَضِلُّونَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ

*Warri karaa Rabbirraa maqu kan iimaana didan ,kan haqa didan .

لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدُۢ

*Azaaba jaba'aatu isaanif jira .

بِمَا نَسُواْ يَوۡمَ ٱلۡحِسَابِ ٢٦

26}*Waan isaan guyyaa qiyaama`aa dhugo`oomsuu dhiisaniif silaaa odoo guyyaan gaafiidhaa sun ,nu dhufaaa hubatanii amananii azaaba jalaa bayanii rabbiin akki jee

وَمَا خَلَقۡنَا ٱلسَّمَآءَ وَٱلۡأَرۡضَ وَمَا بَيۡنَهُمَا بَٰطِلٗاۚ

*Nuti samiidhafii ,dachii ammallee, waan isaan lamaan jidduu jiru , taphaafhin uumne hikrnaaaf uurnne malee.

ذَٰلِكَ

*Waan dubbanne hikmaa malee uumnee yaadun.

ظَنُّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۚ

*Siyeensa, warra Rabbi moromuuti , isaantu Rabbiin makgnaa malee ,waan uume,uume je' a. akka malee waan uume uurne jea .

فَوَيۡلٞ لِّلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنَ ٱلنَّارِ ٢٧

27}*Laga ibiddaatu warra Rabbitti kafareef jira. Rabbiin waan uume, hikma'aaf uume , nama addunyaarratti tole aakhiraatti dalagaa isaa laalee jannata inni haqa godhatu seensisee nama addunyaarratti bade aakhiraatti azaaba seensisu'uuf' ,

أَمۡ نَجۡعَلُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّـٰلِحَٰتِ

*Si warra amanee , waan gaarii dalagu

* Akka warra kafaree dachii balleessuti كَٱلۡمُفۡسِدِينَ فِي ٱلۡأَرۡضِ

goonaa ? hin goonu .wal hin qixxeessinu.nama waan gaarii dalage,galata isaa kennuu ,nama waan hamtuu dalage.yakka itti murree, qixaaxuu .hin oollu duuba nama waan gaarii dalage,kan galata waan sanii odoon argatin dueetu jiraa , ammas nama waan hamtuu dalage,kan odoo hin qixaaxamin dueetu jiraa,duuba ayliin.jarri lamaan haa wal qixxaatuu jettii ? tanaaf jecha.Rabbiin bakka jarri lamaan itti adda bayu godhe . tanaaf Rabbiin akki je' ee

28}*Si nama Rabbii isa uume sodaatufii, أَمۡ نَجۡعَلُ ٱلۡمُتَّقِينَ كَٱلۡفُجَّارِ ٢٨

kan Rabbitti kafare akka tokko goonaa ?wal qixxeessinaa ? wal hin qixxeessuu guyyaan namuu , isa keessajazaa waan addunya'arratti dalagee ,argatee harna'aafii ,gaarin adda fooyamu ,dhufuun oolu jechu ,sun guyyaa qiyaamaaatii wanni aayanni ,dabarte tun,buutefkuffaara Makkaatu Orma rnu'rninaatin nuti aakhiraatti waan isin ar gattan arganna jee hoggaa san Rabbiin aayata buusee,nuutu waa hunda uumee,nama nutti amaneefii , nama nutti kafare , wal hin qixxeessinu je' e .

*Qur'aanni kun,kitaaba nuti sirratti buufne. كِتَٰبٌ أَنزَلۡنَٰهُ إِلَيۡكَ

*Kan barakaa diinifii dunyaaa qabu مُبَٰرَكٞ

* Akka aayata isaa, gad qabanii laalanii manaa isaa baraniif. لِّيَدَّبَّرُوٓاْ ءَايَٰتِهِۦ

*Ammallee akka qur'aana kanaan gorfamuufi . وَلِيَتَذَكَّرَ

29}*Warri aylii fayyaa qabdu qabu nam- أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٢٩

ni quraana qara'u wal daddabra gariin harfii eeggateetuma , kan ma'naa hin beyne qaraa gariin rnanaa beekhetuma tajwiidan qaraa . gariin harfii eeggateeti manaa beekhee , akka waan Rabbiin wajji haasawutti qaraa . itti dalaguuun wajji quraana qara'uun dhugaaa itti dalaguu .

*Daawuudif ilma isaa susuleymaan kenninee jirra . akka rnooturnrna' aafii , nabiyyummaa keessatti isa dhaaluf , i1maan isaa kan biraa keessaa . وَوَهَبۡنَا لِدَاوُۥدَ سُلَيۡمَٰنَۚ

*Suleymaan , waa, gabrieha Rabbii , gaariii نِعۡمَ ٱلۡعَبۡدُ

**30}***Inni,nama hoggaa hunda, garra Rabbii deebi'u, towba'aafii zikriiin . إِنَّهُۥٓ أَوَّابٌ ٣٠

| | |
|---|---|
| إِذۡ عُرِضَ عَلَيۡهِ بِٱلۡعَشِيِّ | *Gaafa asrii , yookaa zuhrii irra fidamten .tooyotuuuf |
| ٱلصَّـٰفِنَـٰتُ | *Faradoon kumni meeqaatam, tan miila sadiyirratti dhaabbattee, kan afreessa'aa kottee lafaan tuyxee dhaabbatu . |
| ٱلۡجِيَادُ ٣١ | **31}** *Tan akkaan eeetu ,faradoon , yoo |

dhaabbattee ziq jettee dhaabbattu. tan yoo eeete hunda dabartu, kan lolaaf qophaaye tooyatu'uu jeeha, fidaa je'eenii, zuhri'irraa bakka inni taa'ee daa-w'aturra dabruu jalqabdee, heddommina keessa odoo isiin dabar tee hin dhumin, odurna, inni daaw'atuu. Aduun seente. Kan wirdiin silaa godhu yookaa salaanni kgasgri'ii, faradoon lolaa qalbii fuutee, du raa dabarte, hoggaa san aaree.

| | |
|---|---|
| فَقَالَ | *Akki je'e |
| إِنِّيٓ أَحۡبَبۡتُ حُبَّ ٱلۡخَيۡرِ | *An faradoo lolaa laaluu qalbiin na jaa-latteetan, |
| عَن ذِكۡرِ رَبِّي | *Salaata kgasgri'ii, takkaa wirdii, zikri'ii, irraanfadhee , faradoo jala qalbiin na kuttee, |
| حَتَّىٰ تَوَارَتۡ بِٱلۡحِجَابِ ٣٢ | 32} *Hanga aduun seentee salaanni, zik-riin isa dabartutti duuba nabi suleymaan wanni je'e; |
| رُدُّوهَا عَلَيَّ | *Faradoo san as deebisaa, zikrii rabbi ki-yyarraa na daydee jirtii, an waan zikrii rabbii na dhoowwu hin fedhu, jennaanin itti as deebisanii , |
| فَطَفِقَ مَسۡحَۢا | *Hoggaa deebisan, habale'een ciru'utti seene, |
| بِٱلسُّوقِ | *Miila fardaatifii |
| وَٱلۡأَعۡنَاقِ ٣٣ | 33}*Morma isi'ii irraa hare hare yookaa |

cire Rabbii isaa jaalaehiisu'uu jecha, akka je'anitti, faradoon sun kuma dii-darna ni geessi, ammas akka je'anitti isii abba'arraa dhaale. Yookaa ni bu-ujiye. yookaa baharii baatef isii goflaa qabdu. yookaa kooluu qabdu, duuba hoggaa nabi suleymaan faradoo san fixu, qalbii isaa, ta isi'ii jettee, zikrii rabbi dagatte, rifachiisu'uu jecha, rabbiin dalagaa isaa iraa jaalatee, bakka faradoo sanii waan isi'irraa ceyu isaaf godhe, takkaayuu kenne. Sun qille-ensaa. Kan bakka fedhe yaroo xiqqoo keessatti geessu, isaafii ashkara isa-

llee. Maalif rabbiin nama isaa je'ee, waan hamtuu dhiisef, waan sanirraa gaari'ii, tan inni jaalatu tan akkaan isa fayyaddu kennaafii .

وَلَقَدْ فَتَنَّا سُلَيْمَٰنَ *Nabi suleymaan dhugumaan mokkorree jirra, wanni mokkorreen, isaatu, idana, beera kiyya sagaltama wajjin rafa ,akka hunda isi'ii dhiira guddattee, jihaada gootu, ulfooytu, kan yoo rabbi je'e, hin je'in, duuba beera sagaltamman keessaa takka qofaatu ulfaaye, sunuu cinaa dhiirati dhalte.

وَأَلْقَيْنَا عَلَىٰ كُرْسِيِّهِۦ جَسَدًا *Duuba cinaa dhiiraa sun kursii suleymaanirratti darymaanirratti darbine. maalif jinniin hoggaa cinaan dhiiraan sun dhalatu. wanni waliin jette: yoo gurbaan kun guddate, cunqursaa warra suleymaan jalaa, abaduma hin baanuu, gurba kana haa ajjeefnuu, takkaa haa maraachinuu je'an. nabi suleymaan hoggaa waan isaan je'an dhagayu, duumeysa ajajeeti, duumeysa keessatti gurbaa guddisa. Sheyxaanan ni miidhaa soda'aaf. duuba gaaf tokko odoo suleymaan dalagaa isaa oofu'uttijiruu gurbaan sun isaa du'aadhaa, kursii suleymaanirra bu'e. duuba rabbiin, maalif, yoo rabbi je'e, jachuu, hoggaa beera keetitti dhayxe dhiifte, maalif rabbitti irkatuu ooltee, jinniin ilma kiyyaa mitii sodaatte'eef rabbiin komate. yookaa zigaale.

ثُمَّ أَنَابَ ﴿٣٤﴾ **34}***Eegasii suleymaan yaadatee if keessa deebi'ee anaatu balleessee, hubatee.

قَالَ رَبِّ ٱغْفِرْ لِى *Yaa rabbii naatu balleessee naa ararami, ittin deebi'uu,

وَهَبْ لِى مُلْكًا *Mootummaa bal`oo naa kenni .

لَّا يَنۢبَغِى لِأَحَدٍ مِّنۢ بَعْدِىٓ ۖ إِنَّكَ أَنتَ ٱلْوَهَّابُ ﴿٣٥﴾ 35} *Tan nam tokkolleen eega tiyyaa hin arganne ,ati kan akkaan waa nama kennuu, nabi Muhammad akki jee nabi suleymaan odoo gaafas yoo rabbi fedhe je'ee, silaa beerri isaa sun hundi , ilma guddatee, jihaada godhu, dhala, je'an.

فَسَخَّرْنَا لَهُ ٱلرِّيحَ *Duuba khadhaa suleymaan nu khadhate , qeeballeefii, qilleensa isaaf laaffifne.

تَجْرِى بِأَمْرِهِۦ *Kan ajaja isaatin bakka inni fedhe deemu.

رُخَآءً *Kan suuta akka nama hin hurgufnetti samii keessa deemu,

حَيْثُ أَصَابَ ﴿٣٦﴾ 36} *Bakka inni fedhe .

وَٱلشَّيَٰطِينَ
* Ammallee shayaaxiina isaaf laaffissee jirra,

كُلَّ بَنَّآءٖ
*Jinnii waa jaartu, jaarmaa aya akka biraa dhagaa gurgurdaa dhedheera'arraa akkan gaafan qudsi dhaqe arge { **1951** },

وَغَوَّاصٖ ﴿٣٧﴾
37}*Ammallee jinnii bahara lexxee faaya baaftu isaaf laaffifuee j irra .

وَءَاخَرِينَ
*Jinniin gariin,

مُقَرَّنِينَ فِي ٱلۡأَصۡفَادِ ﴿٣٨﴾
38} *Tan haadan walitti hidhamteetu jira . isaan kuffaara jinni'iitii. kan yoo islaam-ayan irraa hiikhu.

هَٰذَا عَطَآؤُنَا
*Wanni suleymaanin jenne: wanni siif laaffifue kun , kennaa teenyaa.

فَٱمۡنُنۡ
* Abbaa feetee kenni,

أَوۡ أَمۡسِكۡ
*Takkaa abbaa feete dhoowwadhu,

بِغَيۡرِ حِسَابٖ ﴿٣٩﴾
39} *Namni si gaafatun hin jiruu.

وَإِنَّ لَهُۥ عِندَنَا
*Wanni suleymaan nu biraa qabu

لَزُلۡفَىٰ
*Kheyrii addunya'aa guddoo ,nutti isa dhiyeessitu .

وَحُسۡنَ مَـَٔابٖ ﴿٤٠﴾
40}*Ammallee kheyrii aakhiraaa guddoo

imaam {Hgasan } akki je'e: namni rabbiin waa kenneef hundi , yon waan san namaa kenne, sawaaba irratti argata. yon nama dhoowwate irraa gaafatama. nabi suleymaan malee, inni yoo dhoowwete irraan gaafatamu

وَٱذۡكُرۡ عَبۡدَنَآ أَيُّوبَ
*Qissaa gabricha keenya ayyuub dub-badhu.

إِذۡ نَادَىٰ رَبَّهُۥٓ
*Gaafa inni rabbii isatti iyyate,

أَنِّي مَسَّنِيَ ٱلشَّيۡطَٰنُ بِنُصۡبٖ وَعَذَابٍ ﴿٤١﴾
41}*Yaa rabbii kiyya sheyxaanni na dar-aree, dhukkubaan, cinqi'iin, na tuqee balaa inni naan tuqe tana, narraa deemsisi je'ee, Wanni {ayyuub} dhukkuba sheyxaanni naan tuqe je'eef, odoo waa hunda rabbumti namatti fiduu, adab-aafi. Ammallee waan sheyxaanni sababaa tayeefi, maalif sheyxaanni faaruu ayyuub, bakka hundatti malaaykaa jiddu'utti garraan, dhageenyan, isaa horii, ilmaan, fayyaa qabu, kan galata rabbiif galchu heddommeysu. kan ibaadan

isaa addan cinne,garraan hin oofee,yaa rabbi ayyuub odoo waan kenniteef kana dhabee, akkana hin tayuu, mee horii hundan duraa balleessaa, iznii naa godhi je'een, duuba duraa balleessinaan, haalli isaa hin jirjiiramnee. Ka'eeti ammas ilmaan duraa fixe, akkasuma hin jirjiiramnee, ibaadaa isaa akkuma duritti itti fufee. hoggaa san sheyxaanni qaama isattin dhukkuba gad lakkisaa, iznii naa godhi je'ee rabbi khadhate, duuba rabbiin waan arrabaafii qalbii isaa hin tayin waan feete qaama isarraa tuqi je'een, ka'eeti sheyxaanni dhukkubaa namni obsuu hin dandeenyen qaama isaa balleesse.hanga jaartii isaa malee, namuu irraa dheysetti,hanga horii malee, ilmaan malee, nama malee kophaa hafetti, kan hoggaa jaartin isaa , yaa ayyuub rabbiin dhukkuba kana, sirraa deemsisaa khadhadhu, jetteen, bara saddeettama qananii rabbii keessa taa'ee, balaa keessa bara kudhan taa'ee, sgabrii dhabee, khadhatuu, nan qaanfadha je'u waan qalbi'iifii arrabni, rabbi kiyyaan yaadadhee, zikrii godhuun, nagaya naa qabuun, haa tayuu hoggaa dhukkubni qalbi'iif arrabatti dhiyaatu, rabbitti iyyatee na dhaqqabi je'een. hoggaa san rabbiin dirmateefii, akki je'een :

ٱرۡكُضۡ بِرِجۡلِكَ *Miila keetin dachii dhiiti je'een, duuba dhiinnan, ijji bishaanii burqitee ,wanni isaan je'ame:

هَٰذَا مُغۡتَسَلُۢ *Bishaan kun bishaan itti dhiqattuu.

بَارِدٞ وَشَرَابٞ ﴿٤٢﴾ **42}** * Ammas lafa dhiitee ija biraa qaba

وَوَهَبۡنَا لَهُۥٓ أَهۡلَهُۥ * I1rnaan isaa kan duraa dhurne turban jiraachifneefii,

وَمِثۡلَهُم مَّعَهُمۡ * Ammas hangas takka ilrnaan biraa isaaf kennine, jaartii isaa dullattii, dardaroornsinee, horteefii.

رَحۡمَةٗ مِّنَّا *Wanni isa fayyifnee, ilmaan isaa jiraachifnee, jaartii dullatti dardaroornsinee, ilrnaan biraa isaa kennineef, rahgrnata isaa godhu'uufi, waan inni haqa godhatuuf, obsaafii rabbitti irkatu'uun.

وَذِكۡرَىٰ * Ammallee akka wanni ayyuubitti argarneefii, wanni isaaf argarne sun, gorsa tayuufi,

لِأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ ﴿٤٣﴾ 43}*Warraaylii qabuuf. Nabi ayyuub

jaartin isaa gaaf tokko isarraa turraan dhibban isii dhawa je'ee khakhate [1]duuba rabbiin akkije'een: waan ati rnaqaa rabbiitin kakateef arnrnallee waan isii dhawwuu qalbiin tee hin feenef.

*Yaa ayyuub citaa qabee takka harka keetin fuudhii, وَخُذۡ بِيَدِكَ ضِغۡثٗا

*Citaa saniinjaartii tee dhawi, فَٱضۡرِب بِّهِۦ

*Kakuu tee dhawuu ooltee hin diiginii وَلَا تَحۡنَثۡۗ

jaartii teetillee, waan harntu'uun,dhooytee hin miidhinii.duuba citaa xajjisaan yookaa citaa, abboo huseen je'arnuun, takkaa kan biraatin, hogguma takka dhayee, kakuun isaa guutamteef,

*Nuti ayyuub kan akkaan akka maratti obsa gaarii, obsu, garre , إِنَّا وَجَدۡنَٰهُ صَابِرٗاۚ

*lnni waa gabricha Dabbi gaari'ii , نِّعۡمَ ٱلۡعَبۡدُۖ

**44}** * Inni hoggaa mara gara Rabbi isaati deebi'a, qalbiin isaa, isatti rarraati. إِنَّهُۥٓ أَوَّابٞ ﴿٤٤﴾

*Qissaa gabroottan keenyaa ,ibraahimifii ,ishgaaqii, yakgquub,dubbadhu. وَٱذۡكُرۡ عِبَٰدَنَآ إِبۡرَٰهِيمَ وَإِسۡحَٰقَ وَيَعۡقُوبَ

*Warra ibaadaa keessatti jajjabo'oo, أُوْلِي ٱلۡأَيۡدِي

45} *Warra beekkomsa diin qabu. وَٱلۡأَبۡصَٰرِ ﴿٤٥﴾

*Nuti isaan qulqulleessinee jirra , إِنَّآ أَخۡلَصۡنَٰهُم بِخَالِصَةٖ

46}*Haala aakhiraa yaadatu'uutin , isaan qulqulleessinee jirra, isaan gara rabbiiti, ammallee gara aakhira'aati nama yaaman, malee, gara biraa naman yaaman ذِكۡرَى ٱلدَّارِ ﴿٤٦﴾

47}*Isaan, nu biratti, warra filamoo, araxamo'orraaye. وَإِنَّهُمۡ عِندَنَا لَمِنَ ٱلۡمُصۡطَفَيۡنَ ٱلۡأَخۡيَارِ ﴿٤٧﴾

*Qissaa {ismaakgiil} dubbadhu, وَٱذۡكُرۡ إِسۡمَٰعِيلَ

---

[1] - Wanni inni isii dhoowu'uuf khakhateef sheyxaanatu suuraa nama, dhukkuba waI'aanutin itti mulatee, namaatu narraa dhukkubsataa naa walaantaa jetteen , eena waraana , kanan waa takka irraan fudhanne yoo siitu na fayyise naan jette j e' een , tole jettee ayyuubitti dhayxee himmate hoggaa san , ayyuub ini sheyxaanaa akkamitti waan inni je' u dhageessa je' ee • hoggaa dhibba isi i dhawu' uu khakhate

وَٱلۡيَسَعَ

*Qissaa nabi {yaskg} dubbadhu

وَذَا ٱلۡكِفۡلِۖ

*Qissaa nabi {bishrii} ilma { ayyuub }

kan {Zal kifli} je'amu,dubbadhu, zul kifli jechuun: kan if qabe jechuu, maalif ? isaatu nabiyyii dhibba tokko kan kuffaarri ajjeessu'uu ari'u jalaa baasu'uu if qabe. takkaa isaatu guyyaa soomanee halkan dhaabbatee dubbii nama jiddu'utti laaluu, dallanuu dhabuu, if qabsiisee, waan if qabsiise guutee, tanaaf zul kifli je'ame .

وَكُلّٞ مِّنَ ٱلۡأَخۡيَارِ ٤٨

48}*Jarri dubbanne sun hundi, warra maraxamoo. Filamoo.

هَٰذَا ذِكۡرٞۚ

*Wanni dubbanne sun hundi, anbiyoota faarsu'u. waan gaari'iin isaan dubbatu,

وَإِنَّ لِلۡمُتَّقِينَ

*Isaanifii warra akka isaanitti rabbi sodaatu hundaaf

لَحُسۡنَ مَـَٔابٖ ٤٩

**49}** *Bakka gaarii aakhira'atti itti dhufantu jira .

جَنَّٰتِ عَدۡنٖ

*Sun jannata qubsuma gaari'iiti

مُّفَتَّحَةٗ لَّهُمُ ٱلۡأَبۡوَٰبُ ٥٠

50}*Kan hulaan jannataa isaanif babbanamtu .

مُتَّكِـِٔينَ فِيهَا

*Kan jannataa san keessatti irkatan sire`erratti .

يَدۡعُونَ فِيهَا بِفَٰكِهَةٖ كَثِيرَةٖ وَشَرَابٖ ٥١

51}*Jannata keessatti waan jaalalaaf nyaatan yookaa dhugan yammatan wanni jannata keessatti nyaatan , yookaa dhugan hundi,waan jaalalaaf nyaatan, takkaa dhugan malee , beelafii dheebu`uufii waan biraatifii miti .

۞ وَعِندَهُمۡ

*Warra jannataabira .

قَٰصِرَٰتُ ٱلطَّرۡفِ

*Beerra argaa isi`ii , ija isi`ii jaarsarratti gabaabsitu , tan isa malee nama biraa hin laalle

أَتۡرَابٌ ٥٢

52}*Beera hedduu , wal qixaa , tan umriin isaanii soddomii sadiyiitu jira .

هَٰذَا

*Wanni qanani`ii , kan dubbanne kun .

| | |
|---|---|
| *Waan addunya`arratti baallamni isinii seename . | مَا تُوعَدُونَ |
| 53}*Guyyaa qiyaama`aati argatan isiniin je`amee hunoo argattanii nyaadha`aa dhugaa . | لِيَوْمِ ٱلْحِسَابِ ﴿٥٣﴾ |
| *Inni ,isinii kenninee kun , rizqii teenyaa . | إِنَّ هَٰذَا لَرِزْقُنَا |
| 54}*Kan hin dhumne , yookaa hin cinni | مَا لَهُۥ مِن نَّفَادٍ ﴿٥٤﴾ |
| *Wanni qananii taye hundi , rarra rabbitti amaneef qophaaye . | هَٰذَا ۚ |
| *Ammoo warra rabbitti kafareef . | وَإِنَّ لِلطَّٰغِينَ |
| 55}*Bakka hamtuu aakhira`atti itti dhufantu qophaaye . | لَشَرَّ مَـَٔابٍ ﴿٥٥﴾ |
| *Sun ibidda jahannam kan seenu'uu jiraatanii, ibidda afatanii uffatanii. | جَهَنَّمَ يَصْلَوْنَهَا |
| **56}** *Yaa hameenya waan isaan hafatanii | فَبِئْسَ ٱلْمِهَادُ ﴿٥٦﴾ |
| * Azaaba kana,haa dhandhamanii, | هَٰذَا فَلْيَذُوقُوهُ |
| *Azaabni isaanii bishaan ow'aadhafii, | حَمِيمٌ |
| 57}*Eelaa, malaa warra ibiddaa keessaa yaa'u. | وَغَسَّاقٌ ﴿٥٧﴾ |
| * Ammallee azaaba biraati dhandhaman, | وَءَاخَرُ |
| *Kanuma bishaan ow'aadhafii, malaa dubbanne fakkaatu. | مِن شَكْلِهِۦٓ |
| 58} *Gosa azaaba hedduu, dhandhaman. | أَزْوَٰجٌ ﴿٥٨﴾ |
| *Wanni malaaykan matootii kuffaaraa, ta ibidda seenten jettu: jarri kun, {warra isaan jala deemee kafare baananii} tuuta {fawjun} jechuun: tuuta jechu'uu, | هَٰذَا فَوْجٌ |
| *Isiniin wajji ibidda seenu, akkuma isin jala deemanii kafaran, ar'a isiniin wajji ibidda seenan, je'aniin jennaanin matootin wanni jette: | مُّقْتَحِمٌ مَّعَكُمْ ۖ |

لَا مَرۡحَبَۢا بِهِمۡۚ

*Ibidda keessatti,bal'inan hin argatan ,guddinan hin qaban , jechu', silaa eessaa guddina argatan ,

إِنَّهُمۡ صَالُواْ ٱلنَّارِ ٥٩

59}*Isaan ibidda seenanii .

قَالُواْ

*Matootin akkas jennaan, warri xixiqqaan matooti'iin , akki je'e :

بَلۡ أَنتُمۡ لَا مَرۡحَبَۢا بِكُمۡۖ

*Isini, warri bal'ina haqan godhanne,kan xiqqeenya malee, guddina haqan godhanne.

أَنتُمۡ قَدَّمۡتُمُوهُ لَنَاۖ

*Isini, namni kufrii nutti fidee,nu kafarsiisee,ibidda nu seensisee ,

فَبِئۡسَ ٱلۡقَرَارُ ٦٠

**60}** *Yaa hammeenya,bakka nuufii, isin qubannuu.

قَالُواْ

* Ammas warri jaleen, akki je'e:

رَبَّنَا مَن قَدَّمَ لَنَا هَٰذَا

*Yaa rabbii keenya, nama kufri'itti nu yaamee ibidda kana haqa nu godhachiise, nama ibidda nuu durse.

فَزِدۡهُ عَذَابٗا ضِعۡفٗا فِي ٱلنَّارِ ٦١

**61}** * Azaaba dachaa godhii ida`iif ,azaaba inni mataa isaatin kafaru'uutifii ,aza aba nu kafarsiisu'uu, ibidda keessatti isaaf ida'ije'ee, warri nama jala deemee kafare, matootaf, azaaba kadhata

وَقَالُواْ

*Matootin kuffaaraa ta addunya'arratti, nama mu'minaa tuffatuu turte, ibiddi keessatti wanni jettu :

مَا لَنَا لَا نَرَىٰ رِجَالٗا كُنَّا نَعُدُّهُم مِّنَ ٱلۡأَشۡرَارِ ٦٢

62}*Maaltu nutti bu'e? kan warra addunya'arratti, warra bada'arraa lakkooynu, ibidda keessatti arguu dhabneef ?

أَتَّخَذۡنَٰهُمۡ سِخۡرِيًّا

*Si nuutu addunya'arratti isaan xiqqeessu'uun kara'arraa maqeemoo,

أَمۡ زَاغَتۡ عَنۡهُمُ ٱلۡأَبۡصَٰرُ ٦٣

63}*Takkaa nuti, waa kara'arraan rnaynee isaan warruma ibiddaatii,nuun wajji ibidda keessa jiranii, ija teenyatu irra maqe, takkaa irran bu'in, malee, je'an. Kuffaaratu mu'mina ibidda keessa barbaada.

إِنَّ ذَٰلِكَ لَحَقّٞ

*Wanni dubbanne sun haqa, waan argamuun oolle.

**64}** *Sun wal falaniinsa, warra ibiddaati. تَخَاصُمُ أَهْلِ ٱلنَّارِ ﴿٦٤﴾

*Wanni kuffaaran jettu: an nama ibiddaan isin sodaachisu ,akka amantaniif, akka waan rabbin tayin gabbaru'urraa deebitaniif, قُلْ إِنَّمَآ أَنَا۠ مُنذِرٌ

65}*Rabbii tokkicha malee, rabbiin biraa ,kan waa hunda mooyu, hin jiru. وَمَا مِنْ إِلَٰهٍ إِلَّا ٱللَّهُ ٱلْوَٰحِدُ ٱلْقَهَّارُ ﴿٦٥﴾

*Rabbii sami'iifii ,dachii ,waan isaan lamaan jidduu jim hunda uume. رَبُّ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا

*Kan waa hunda injifatu , ٱلْعَزِيزُ

66} *Kan warra isatti amaneef araaramu. ٱلْغَفَّٰرُ ﴿٦٦﴾

*Wanni ummata kee, warra si dura dhaabbatuun jettu: قُلْ

*Qur'aanni an isinirratti qara'u, kanan isinittiin ergame, kun, هُوَ

67} *Oduu j abdu towhi innin isa keessa- نَبَؤٌا۟ عَظِيمٌ ﴿٦٧﴾

tti isinii hime jannaannin , an isa keessatti isinii himu ragaan tokkummaa Rabbii kan dandeytii isaa , kan beekkomsa isaa , oduun warra dur tanin isa keessatti isinii odeessu, wanni biraa hedduun isinii odeessu. oduu gudduu tan qabatuun dirqamaa . itti dalaguun dirqiii . tan qeebaluun na ma hundarratti jim. Maalif wanni quraana , keessa jim kun , waan namni if biraa kaasee je 'uu dandayuu miti . inni dubbii Rabbiiti jecha isaati.

68}*Haa tayuu isin hin qeebaltanii irraa أَنتُمْ عَنْهُ مُعْرِضُونَ ﴿٦٨﴾

galtan gad qabdanii hin Iaaltanii.silaa odoo gad qabdanii laaltanii , akka quraana Rabbiin, waa hunda uume,kan waan dabreefii , waan dhufu hunda beekhu buuse, beytaniiti , amantan . ammas silaa akkan waan quraana keessa jim if bira kaasee an odeessuu hin dandeeyne, akka Rabbiin quraana narratti buusee, waan san na barsiise , beytaniiti , akkan an ergaa isaa taye dhugooomsitan .

69} * An odoo quraanni narrattin buin falamaa malaaykan dubbii aadam keessatti wal falamtu.beekhuu hin turre. مَا كَانَ لِىَ مِنْ عِلْمٍۭ بِٱلْمَلَإِ ٱلْأَعْلَىٰٓ إِذْ يَخْتَصِمُونَ ﴿٦٩﴾

إِن يُوحَىٰٓ إِلَيَّ إِلَّآ أَنَّمَآ أَنَا۠ نَذِيرٞ مُّبِينٌ (٧٠)

70}*An wahyiin, yookaa Quraanni.waan biraatii narratti hin buune , akkan azaaba Rabbii is in sodaachisuuufi malee .dirree baasee ,akka isin beytanitti

إِذۡ قَالَ رَبُّكَ لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ

*Waan Rabbiin, dubbii aadam, uumuu keessatti malaaykaaan jee dubbadhu.

إِنِّي خَٰلِقُۢ بَشَرٗا مِّن طِينٖ (٧١)

71}*Wanni Rabbiin, malaaka'aan je`e: an naman, biyyeerraa, uumaa, sun aada mll

فَإِذَا سَوَّيۡتُهُۥ

*Gaafan, uumaa isaa guutee

وَنَفَخۡتُ فِيهِ مِن رُّوحِي

*Ruuhii itti afuufe .

فَقَعُواْ لَهُۥ سَٰجِدِينَ (٧٢)

72}*lsaaf sujuudaa ,gad je'aa , kabaju'uuL

فَسَجَدَ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ كُلُّهُمۡ أَجۡمَعُونَ (٧٣)

73}*Duuba malaaykan hundi sujuudde.

إِلَّآ إِبۡلِيسَ

*Ibliis malee.inni abbaa jinniiitii haa tayuu malaaykaa keessajiraachuu ture

ٱسۡتَكۡبَرَ

*Duuba aadamiif sujuuduurraa if guddise.

وَكَانَ مِنَ ٱلۡكَٰفِرِينَ (٧٤)

**74}** *Inni kaafira jechaan , Rabbi biratti dabree jiraa , tanaaf dubbii Rabbii didee ,kufrii isaa mulise .

قَالَ يَٰٓإِبۡلِيسُ

*Duuba Rabbiin akki jieen yaa ibliis

مَا مَنَعَكَ أَن تَسۡجُدَ لِمَا خَلَقۡتُ بِيَدَيَّۖ

*Maaltu waanin an harka kiyyaan uumef sujuuduu si dhoowwe ? .

أَسۡتَكۡبَرۡتَ

*Si ammuma sujuudarraa if guddisuu jalqabdemoo ? if guddisuun , ammuma sitti dhufte moo?

أَمۡ كُنتَ مِنَ ٱلۡعَالِينَ (٧٥)

75}*Ati durumaanuu warra if guddis-urraa tayuu turte? if guddisuu durimoo, tan amarraa kaate amrii tiyya didu'uun je'een

قَالَ

* Jennaanin ibliis akki je'e:

أَنَا۠ خَيۡرٞ مِّنۡهُۖ

* Anaatu aadamirraa caalaa , nama naa gadiitii hin sujuudu,

*Maalif ibiddarraa naa uumtee ,

خَلَقْتَنِي مِن نَّارٍ

76}*Aadam,bordoda biyyeerraa uumtee, ibliis bakka lamatti kara'arraa baye, tokko ajaja rabbii diduu, lammeysan ibidda biyye'erra caalchisuu, akka biyyeen ibiddarra caaltun hin beekhuu.

وَخَلَقْتَهُۥ مِن طِينٍ ﴿٧٦﴾

*Inni akkas je'een, rabbiin akki je'en:

قَالَ

* Jannatarraa bayi, takka sami'irraa bayi ,takka uumaa tee bareedduu sanirraa, suuraa fokkattu'utti bayi,tanaaf gurraachomee fokkatee

فَٱخْرُجْ مِنْهَا

77}*Ati jannatarraa, yookaa sami'irraa darbarna'aa , rahgmatarraa fagaadha'aa .

فَإِنَّكَ رَجِيمٌ ﴿٧٧﴾

78} * Abaarsi kiyya hanga guyyaa qiyama'atti sirratti haa jiraatu. kan san bood allee itti fufu.

وَإِنَّ عَلَيْكَ لَعْنَتِىٓ إِلَىٰ يَوْمِ ٱلدِّينِ ﴿٧٨﴾

* lennaanin, ibliis aki je'ee, rabbi kadhate:

قَالَ

79} *Yaa rabbii kiyya hanga guyyaa namni qabri'ii kaafamutti nan ajjeesinii, na dhiisi. Qaba naa qabi je'een

رَبِّ فَأَنظِرْنِىٓ إِلَىٰ يَوْمِ يُبْعَثُونَ ﴿٧٩﴾

80}*Jennaanin, qaba sii qabee, beena.

قَالَ فَإِنَّكَ مِنَ ٱلْمُنظَرِينَ ﴿٨٠﴾

81}*Hanga guyyaa .yaroo beekkamtu'utti , sun hanga guyyaa garriin duraa afuufamtattii.

إِلَىٰ يَوْمِ ٱلْوَقْتِ ٱلْمَعْلُومِ ﴿٨١﴾

*Duuba ibliis qaaxaroo rabbirraa argamnaan, akki je'e :

قَالَ

*Yaa rabbi, guddin keetin khakhadhee,

فَبِعِزَّتِكَ

82}* Ilmaan aadam, kanan sababaa isaanitiin, rahgmata keetirraa darbame, hunda isaanii karaa keetirraajallisa

لَأُغْوِيَنَّهُمْ أَجْمَعِينَ ﴿٨٢﴾

**83}** * Gabroottan keetirraa nama si tti amanee ati tiysite malee.

إِلَّا عِبَادَكَ مِنْهُمُ ٱلْمُخْلَصِينَ ﴿٨٣﴾

قَالَ
* Jennaan rabbiin akki je'een ,

فَٱلۡحَقُّ
*Haqaanan khakhadhaa,

وَٱلۡحَقَّ أَقُولُ ﴿٨٤﴾
**84}** * An haqan je'aa, an haqa malee hin je'uu.

لَأَمۡلَأَنَّ جَهَنَّمَ
* Jahannama guutu'uufan jiraadha.

مِنكَ
*Ilmaan keetifii, siyii,

وَمِمَّن تَبِعَكَ مِنۡهُمۡ أَجۡمَعِينَ ﴿٨٥﴾
85} *Nama ilmaan aadamirraa si faana deeme hundaan

قُلۡ
*Yaa ergamaa kiyya muhammad, ummata kee kan si dura dhaabbatuun akki jettu

مَآ أَسۡـَٔلُكُمۡ عَلَيۡهِ مِنۡ أَجۡرٖ
*Diina rabbii, qur'aana isaa , isin barsiisu'urratti, waa naa godhaa isiniin hin je'u .

وَمَآ أَنَا۠ مِنَ ٱلۡمُتَكَلِّفِينَ ﴿٨٦﴾
86}*An, nama waan qabne kan nan qaba je`ee if dhibuu miti, an waan rabbi in je'i naan je'e, nan je'a. waan inni dhiisi naan je'e,nan dhiisaa .qur'aana narratti buusee, ummatatti geessi naan je'e, nan geessaa, waa takka itti ida'uufii, irraa ir'isuu hin qabu

إِنۡ هُوَ
*Qur'aanni narratti buufame kun waan biraatii rnitii,

إِلَّا ذِكۡرٞ
*Gorsa yaadachiisaa,

لِّلۡعَٰلَمِينَ ﴿٨٧﴾
87} *Namaafii jinni'iif

وَلَتَعۡلَمُنَّ
*Isin yaa warra rabbitti kafare, kan qur'aana dhugo'oomsuu dide, beekhu'uuf tessan,

نَبَأَهُۥ
* Akka wanni qur'aanni je'u dhugaa taye, yookaa taate.

بَعۡدَ حِينِۭ ﴿٨٨﴾
88}*Waa xiqqo booda .takkaa eega duutanii,takkaa guyyaa qiyaama'aa,azaabafii waan birraa kan qur'aanni odesse beekhu'uuf teessan, imaam {Hasanalbasgriin} akki je'e: {yaa ilrna nama hoggaa duutu oduun dhuga'aa sii dhufteje'e} .